# Akkaataa Minnesota Keessatti Heyyama Hojii Argachuu Dandeenyu

**(How to Get Permission to Work in Minnesota)**



Waraqaa ibsituun kun akkaataa Minnesota keessatti hayyama hojii itti argatan dubbata. Kunis "hayyama hojii"f iyyachuu jedhamee waamama. Waraqaa ibsituun kun kanneen isinitti hima:

- Minnesota keessatti eenyutu seeraan hojjechuu danda'a
- Hojjechiistonni maal si gaafatan akka hayyamamaaf
- Tarkaanfiiwwan hayyama hojii gaafachuuf fudhataman
- Gorsa unka hayyama hojii guutuuf

Fuula dhugeeffannoo kana afaan Ingliiziin ykn kabiroon dubbisuuf, daawadhaa: [LawHelpMN.org](LawHelpMN.org)

Waraqaan dhugaa kun Giddugala Seera Godaantotaa Minnesota, Gargaarsa Seeraa Mid-Minnesota, Tajaajila Seeraa Naannoo Kibba Minnesota, The Advocates for Human Rights, fi Volunteer Lawyers Network waliin ta'uun kan qophaa'edha. Maallaqa Kutaa Tajaajila Namaa Naannoo Minnesota irraa argameen deeggaramee ture.

# Eenyuutu Hojjechuu Danda’a

## Minnesota keessatti hojjechuu nan danda'aa?

Yoo lammii U.S. hin taane, daldala tokkoof ykn nama biraatiif seeraan hojjechuuf mootummaa irraa hayyama isin barbaachisa. Unka I-765 fayyadamuun “hayyama hojii” iyyachuu dandeessu. Hayyama malee yoo hojjettan dhimma immigireeshinii keessan miidhuu danda'a.

### Daldala jalqabuuf hayyama hojii na barbaachisa?

Lakki. Minnesota keessatti daldala jalqabuuf hayyama hojii ykn lakkoofsa Wabii Hawaasummaa isin hin barbaachisu. Garuu gosa daldalaa irratti hundaa’uun tajaajila nyaata fi meeshaalee tokko tokko fayyadamuuf hayyama addaaf iyyachuu isin barbaachisuu danda’a. Daldala hunda jalqabuuf hayyama isin hin barbaachisu. Fakkeenya: Daldala qulqullinaa irratti bobba’uuf hayyama isin hin barbaachisu.

## Namni kamiyyuu hayyama hojii iyyachuu danda'aa?

**LAKKI.** Hayyama hojii argachuuf iyyachuuf::

- **Duraan gosa sadarkaa tokko tokko qabaachuu.** Fakkeenya: yoo baqataa taatan ykn koolu galtummaan isiniif kennamee jiraate hayyama hojiif iyyachuu dandeessu.

  <u>**YOOKIIN**</u>

- **Iyyata hin xumuramne qabaachuu.** Fakkeenya: hayyama hojii gaafachuu kan dandeessan yoo iyyata koolu galtummaa ykn kaardii lammummaa hin xumuramne qabaattanidha.

## Hojjechiisaan koo ragaa hojjechuun naaf hayyamame arguuf gaafachuu danda’aa?

Eeyyee. Hojjechiistonni namoota hayyama hojjechuu qaban qofa qacaruu danda’u. Seerri kun hojjechiistonni nama qacaruu barbaadan hunda eenyummaa isaanii fi ulaagaa hojii guutuu isaanii ilaaluu qabu jedha. Kun godaantota qofa osoo hin taane nama hunda ilaallata. Hojjettoonni eenyummaa isaanii fi akka hojjetan hayyamamuu isaanii mirkaneessuuf Unka I-9 guutuu qabu.


## Hojjechiisaan koo sanadoota akkamii arguuf na gaafata?

Hojjechiistonni hojjettoonni hundi hojii erga jalqabanii guyyoota 3 keessatti Unka I-9 akka guutan gaafatu. Eenyu akka taatan mirkaneessuuf sanadoota agarsiisuu qabdu. Hayyama hojjechuuf qabdan mirkaneessuuf sanadoota agarsiisuu qabdu. Unkaan I-9 tarree sanadoota eenyummaa keessanii fi hojiif ulaagaa guutuu keessan mirkaneessuuf itti fayyadamuu dandeessan qaba.

## Hojjechiisaan koo Unka I-9 akkan guutu yoo na gaafate maal gochuun qaba?

Hojjechiisaan tokko Unka I-9 akka guuttu yoo si gaafate, gochuu qabdu.

- Lammii U.S. Yoo hin taane lammii U.S. HIN jedhiin.
- Maqaa, sanada, ykn lakkoofsa Wabii Hawaasummaa sobaa HIN fayyadaminaa.
- Odeeffannoo nama biraa Unka I-9 irratti HIN fayyadaminaa. Kunis yoomiyyuu U.S. keessatti sadarkaa dhaabbataa akka hin arganne isin dhorkuu danda'a.
- Yeroo Unka I-9 guuttan, sanadoota tarreeffaman keessaa sanada agarsiiftan filattu. Hojjechiisaan keessan sanada addaa 1 akka agarsiiftan gaafachuu hin danda'u.



**Fakkeenya: Unka I-9 Daahir**

Daahir hojii haaraadhaaf Unka I-9 guute. Hojjechuuf ulaagaa guutuu qabaachuu isaa kan mirkaneessu sanada hayyama hojii isaa agarsiifate. Hojjechiisaan isaa sanada sana fayyadamuu akka hin dandeenye itti hime. Hojjechiisaan kun Daahir hojicha yoo barbaade kaardii heyyama jireenyaa agarsiisuu qabu itti hime. **Hojjechiisaan tokko kana gochuun seeraan ala**. Daahir abbaa seeraa waliin haasa'uu qaba.

## Hojjechiisaan koo odeeffannoo koo immigireeshiniif ni ergaa?

Lakki, garuu hojjechiisaan kee Unka I-9 kee galmee irratti qabachuu qaba. Yoo mootummaan arguuf gaafate mootummaatti agarsiisuu qabu. Yoo hojjechiisaan kee E-Verify fayyadame, odeeffannoon sun Dhimma Nageenyaaa Biyya keessaa waliin qoodama.

## Hayyama hojii koo akkamittan haaromsa?


Yeroo jalqabaaf iyyachuuf ykn iyyata keessan haaromsuuf gulantaa walfakkaatan fayyadamaa. Deggersa argachuuf kutaa "Tarkaanfiiwwan Iyyachuu" fi "Akkaataa Unka I-765 Guutuu" jedhu waraqaa ibsituu kanaa ilaalaa. **Hayyamni hojii keessanii utuu yeroonsaa irra hin darbin yoo xiqqaate guyyoota 180 dura haaromsuuf iyyachuu qabdu.** Hayyama hojii keessan haaromsuu keessan dura abbaa seeraa waliin haasa'a, yoo:

- Hayyamni hojii amma qabdan yeroon isaa darbee yoo jira.
- Hayyamni hojii amma qabdan guyyoota 180 gadi keessatti kan xumuramu yoo ta'e.
- Erga iyyata hayyama hojii jalqabaa argattanii kaasee yakki kamiyyuu isinitti yoo murtaa'e.

# Gulantaa Iyyataa

## Akkamittan hayyama hojiif iyyachuu danda’a?

Hayyama hojii argachuuf gulantaa 4tu jira.




### Unka I-765 Guutaa.

Maxxansa unkaa isa dhiyoo argachuuf gara uscis.gov/i-765 deemaa ykn koodii QR iskaanii godhaa. **Maxxansa unkaa isa dhiyoo guutuu qabdu.** USCIS unka durii yoo fayyadamte iyyata kee hin fudhatu. Maxxansi unkaa fuula tokkoon tokkoon unkaa irratti gara jalaa golee bitaa irratti barreeffameera. Fakkeenya: “Maxxansa 08/28/24” jechuu danda’a. Kutaa waraqaa ibsituu kanaa “Akkaataa Unka I-765 Guutuu” jedhu keessatti qajeelfamni ni jira.

### Iyyata keessan waliin erguuf sanadoota walitti qabaa.

Iyyata hayyama hojii waliin wantoota 5 ergaa:

- ☐ **Unka I-765 guutame.**
- ☐ **Galagalcha sanada eenyummaa keessan mirkaneessu 1.** Sanadni kun Ameerikaadhaan ykn mootummaa biyya biraatiin kan kenname ta’uu qaba. Sanadni sun afaan Ingiliffaatiin yoo hin jiraanne, akka hiikamu gochuu qabdu. Fakkeenyonni sanadoota fudhatama qaban kunneen kan akka:
  - Sanada hayyama qaxarrii kanaan duraa, yoo iyyata keessan haaromsuuf jirtu ta’e
  - Paaspoortii suuraa, maqaa fi guyyaa dhaloota keessan agarsiisu
  - Ragaa dhalootaa yoo suuraa keessan irra jiraate. **YKN** ragaa dhalootaa **FI** eenyummaa suuraa
  - Viizaa qoonsilaa biyya alaatiin kennamu
  - Sanada eenyummeessaa biyyoolessaa suuraa fi/ykn ashaaraa qubaa qabu.

☐ **Koppii sanada 1 kan haala godaansa amma qabdu / ulaagaa hojjechuuf qabdu agarsiisu.** Fakkeenyonni sanadoota fudhatama qabanii kanneen akka:

- Galmee Dhufanii-Ba'uu I-94
- Murtii Abbaa Murtii Immigireeshinii irraa kenname
- Murtii USCIS irraa kan akka koolugaltummaa ykn VAWA
- Beeksisa nagahee iyyata gargaarsaa eegamaa jiru agarsiisu

☐ **Suuraa paaspoortii inchii 2 x inchii 2 walfakkaataa lama**. Suuraa paaspoortii kuusaa akka CVS, Wal-Mart, ykn Target irraa fudhachuun ni danda'ama.

☐ **Kaffaltii YKN iyyata kaffaltii dhiifama (YOO barbaachise).** iyyachuu kaffaltii kaffaluun dirqama ta'uu fi dhiisuu isaa ilaaluuf gara uscis.gov/feecalculator deemaa. Iyyanni hundi kaffaltii hin barbaadu.

- Yoo kaffaltii liqii qabdu ta'e, maallaqa bullaa'aa ykn cheekiidhaann ergaa.
- Kaffaltii kaffaluu yoo dadhabdan, kaffaltii dhiifama gaafadhaa. Marsariitiin LawHelpMN's akkaataa kaffaltii dhiifama argachuuf iyyachuu dandeessan irratti waraqaa ibsituu qaba. Gara: lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/immigration-fee-waivers-0.

**GULANTAA 3**

## Iyyata keessanii galagalcha taasifadhaa.

Unka I-765 keessanii fi sanadoota iyyata keessan waliin ergitan galagalcha taasifadhaa. Galagalcha sana ofii keessaniif qabadhaa.

## GULANTAA 4

### Iyyata keessan gara Tajaajila Lammummaa fi Immigireeshinii U.S. (USCIS) tti ergaa.

- Iyyata teessoo gosa ulaagaa keessan wajjin walsimutti poostaadhaan ergaa. Ramaddiin ulaagaa keessan gaaffii 27 kutaa 2ffaa Unka I-765 keessatti argama. Teessoo poostaa argachuuf gara uscis.gov/i-765-addresses deemaa.

- Iyyata keessan yeroo poostaadhaan ergitan hordofuu akka qabdan Waajjira Poostaatti himaa. Yeroo iyyanni keessan qaqqabu beekuuf kan ittiin hordoftan Waajjira Poostaa irraa bitadhaa. Yeroo qaqqabu ragaa ykn nagahee argachuu keessan mirkaneeffadhaa.

### Hayyama hojii toora interneetii irratti iyyachuu dandeessu.

Yoo feetan iyyata hayyama hojii keessan toora interneetii irratti guutuu dandeessu. Iyyatichi akkuma isa poostaadhaan ergitaniiti. Unka I-765 guutuu fi sanadoota deeggarsa walfakkaatan olkaa’uu qabdu. Koodii QR iskaanii godhaa ykn gara: uscis.gov/i-765 deemaa.

Yoo iyyata toora interneetii irratti guuttan:

- Marsariitii USCIS’ irratti akkaawuntii banadhaa
- Jalqabuu keessan dura gosa immigireeshinii keessan beekuu.
- Akkamitti akka U.S. seentan beekuu.
- Haala immigireeshinii amma qabdu beekuu
- Hidha iskaan gochuu fi olkaa'uu danda'uu. Kutaa application maxxansuu danda'uu. Namni tokko Unka I-765 akka guutuuf si gargaare yoo ta’e, ibsa mallatteessuu qaba

Yoo kompiitara hin qabaanne, kiioskii seeraa bilisaa: legalkiosk.org/locations irraa argachuu dandeessu. Manneen kitaabaa ummataa hedduun kompiitara namoonni bilisaan itti fayyadamuu danda’an qabu.

# Akkaataa itti Unki I-765 Guutamu

## Odeeffannoo Waliigalaa

- Qajeelfamni waraqaa ibsituu kana keessatti argamu Unka I-765 “kan 08/28/24 maxxanfame” irratti hundaa’a. [uscis.gov/sites/default/files/document/forms/i-765instr.pdf](uscis.gov/sites/default/files/document/forms/i-765instr.pdf) irra qajeelfamoota dabalataatu jira.
- Deebii keessan kompiwuuteraan ykn qalama gurraachaan barreessaa.
- Maqaa sobaa hin fayyadaminaa ykn odeeffannoo sobaa kamiyyuu unkicha irratti hin barreessinaa.
- Wanti unkicha irratti argamu tokko yoo isin hin ilaallanne, bakka sanatti, "N/A" (Hin ilaallatu) jechuun barreessaa.
- Deebiidhaaf bakka dabalataa yoo barbaaddan, “Kutaa 6ffaa: Odeeffannoo Dabalataa” fayyadamaa.

## Kutaa 1. Sababa Iyyannoo

Kutaan 1 gaaffii 1 qaba. Deebii maaliif hayyama hojiif akka iyyattan waliin walsimu filadhaa. Deebii 1 filadhaa.

- **Yeroo jalqabaaf yoo iyyattan,** sanduuqa 1a irra mallattoo kaa’i.
- **Yoo sanada bade bakka buusuuf ta’e,** sanduuqa 1b irra mallattoo kaa’i.
- **Yoo haaromsitan** sanduuqa 1c irra mallattoo kaa’aa.

**Sanduuqa 1b ykn saanduqa 1c** irra mallattoo kaa’attan erga jalqaba hayyamni hojii isiniif kennamee yakka kamiinuu yoo isinitti murtaa’e, iyyachuu keessan dura abukaatoo waliin dubbadhaa.

### Gaaffiin Kun Unka Irratti maal akka fakkaatu

**Part 1. Reason for Applying**

**I am applying for** (select **only one** box):

**1.a.** ☐ Initial permission to accept employment.

**1.b.** ☐ Replacement of lost, stolen, or damaged employment authorization document, or correction of my employment authorization document **NOT DUE** to U.S. Citizenship and Immigration Services (USCIS) error.

**NOTE:** Replacement (correction) of an employment authorization document due to USCIS error does not require a new Form I-765 and filing fee. Refer to **Replacement for Card Error** in the **What is the Filing Fee** section of the Form I-765 Instructions for further details.

**1.c.** ☐ Renewal of my permission to accept employment. (Attach a copy of your previous employment authorization document.)

## Kutaa 2. Odeeffannoo Waa'ee Keessan

Kutaan kun waa’ee eenyummaa keessanii, akkamitti U.S. akka seentanii, fi haala immigireeshinii amma qabdan gaaffilee 31 qaba. Waraqaa ibsituun kun gaaffilee ciccimoo ta’an **tokko tokko** guutuuf gorsa kenna. Gaaffiiwwan Unka I-765 kutaa 2ffaa keessa jiran **hunda** dubbisuu fi deebii kennuu keessan mirkaneessaa.

- **Gaaffii 1a (Maqaa Maatii).** Yoo maqaa dhumaa 2 qabaattan, maqaa dhumaa lamaan sanduuqa Maqaa Maatii keessatti barreessaa.
- **Gaaffii 9ffaa (Lakkoofsa Herrega USCIS).** Lakkoofsi herrega USCIS keessanii Lakkoofsa A-Keessan irraa adda.
    - **Sirna galmee toora interneetii USCIS fayyadamuun iyyata ykn iyyannoo yoo galfattan,** akkaawuntii qabdu. Lakkoofsa akkaawuntii keessanii argachuuf akkaawuntii keessan seenuun gara fuula piroofaayilii deemaa.
    - **Yoo iyyata ykn iyyannoo unka waraqaa irratti karaa dhaabbata USCIS Lockbox galchitan**, Beeksisa Dhaqqabummaa keessan irratti argama.
    - **Yoo akkaawuntii Toora Interneetii USCIS hin qabdan ta’e**, asitti “N/A” barreessaa.
- **Gaaffii 11ffaa (Haala Gaa’elaa).** Gaa’elli keessan mootummaa ykn sirna seeraa bakka gaa’ela itti godhattaniin beekamtii hin arganne ta’e, “Gaa’ela qaba” jettanii hin deebisinaa.
- **Gaaffii 13a, 14, fi 15 (Lakkoofsa Wabii Hawaasummaa).** Yoo lakkoofsa Wabii Hawaasummaa hin qabdan ta’e unka kanaan iyyachuu dandeessu. Yoo lakkoofsa Wabii Hawaasummaa barbaaddan, gaaffii 14 fi 15 irratti “eeyyee” jedhaatii deebisaa.

**Gaaffiin Kun Unka Irratti maal akka fakkaatu**

**13.a.** Has the Social Security Administration (SSA) ever officially issued a Social Security card to you?
☐ Yes ☐ No

**NOTE:** If you answered “No” to **Item Number 13.a.**, skip to **Item Number 14.** If you answered “Yes” to **Item Number 13.a.**, provide the information requested in **Item Number 13.b.**

**14.** Do you want the SSA to issue you a Social Security card? (You must also answer “Yes” to **Item Number 15.**, **Consent for Disclosure**, to receive a card.)
☐ Yes ☐ No

**NOTE:** If you answered “No” to **Item Number 14.**, skip to **Part 2.**, **Item Number 18.a.** If you answered “Yes” to **Item Number 14.**, you must also answer “Yes” to **Item Number 15.**

**15.** **Consent for Disclosure:** I authorize disclosure of information from this application to the SSA as required for the purpose of assigning me an SSN and issuing me a Social Security card.
☐ Yes ☐ No

**NOTE:** If you answered “Yes” to **Item Numbers 14. - 15.**, provide the information requested in **Item Numbers 16.a. - 17.b.**

- **Gaaffii 21a (Unka 1-94 Lakkoofsa Galmee Seenuu-Ba'uu).** Yeroo U.S. seentan, Gumurukaa fi Eegumsi Daangaa (CBP) Unka I-94 siif kenneera ta'a. Unki kun Lakkoofsa Galmee Seenuu-Ba'uu keessan qaba. Galagalcha Unka I-94 keessanii argachuuf:
  - **Ebla 30, 2013 booda buufata galaanaa ykn buufata xiyyaaraatiin U.S. seentan yoo ta'e, gara**: cbp.gov/i94 deemaa, **YKN**
  - **Unka Faayilii I-102** (Iyyata Bakka Bu'iinsaa/Galmee Jalqabaa Seenuu-Ba'uu Godaantota Hin Taane). Unka I-102 asirraa argattu: uscis.gov/i-102

- **Gaaffii 21b (Lakkoofsa Paaspoortii, Paaspoortii Dhiheenyatti Kenname).** Yoo gara U.S. imaluuf paaspoortii ykn sanada imala fayyadamtan, lakkoofsa sana asitti barreessaa. Yoo sanadoota kana keessaa 1 qabattee gara U.S. hin deemne ta'e, "N/A" barreessi.

- **Gaaffii 27 (Garee ulaagaa guutuu). Gaaffiin Kun Unka I-765 hunda caalaa isa barbaachisaa ta'edha.** Yoo garee dogoggoraa barreessitan iyyanni keessan ni dhorkama. Garee keessan filachuuf gabatee armaan gadii fayyadamaa. **Yoo garee keessan hin beektane ta'e, ogeessa seeraa waliin dubbadhaa.**

**Gaaffiin Kun Unka Irratti maal akka fakkaatu**

***Information About Your Eligibility Category***

**27.** **Eligibility Category.** Refer to the **Who May File Form I-765** section of the Form I-765 Instructions to determine the appropriate eligibility category for this application. Enter the appropriate letter and number for your eligibility category below (for example, (a)(8), (c)(17)(iii)).

( ) ( ) ( )

Hayyama hojii iyyachuuf duraan dursitanii garee haala immigireeshinii tokko tokko YKN iyyata immigireeshinii hin xumuramne qabaachuu qabdu. **Yoo gareen tokkollee haala keessan wajjin wal hin simne hayyama hojii HIN iyyatinaa.**

| Haala Immigireeshinii<br>Deebii kana keessaa 1 kamtu isin ibsa? | Ramaddii<br>Koodii dijiitii 3 kana gaaffii 27 irratti barreessaa. |
|---|---|
| Baqataa | A03 |
| Kooluugalaa (Koolugaltummaa Kenname) | A05 |
| Buqqisuu dhorkuu | A10 |
| T-1 kan godaanaa hin taane | A16 |
| Miseensa maatii T-1 kan godaanaa hin taane | C25 |
| U-1 kan godaanaa hin taane | A19 |
| Miseensa maatii U-1 kan godaanaa hin taane | A20 |
| Iyyata koolu galtummaa tursiifame | C08 |
| Iyyata kaardii heyyama jireenyaa tursiifame | C09 |
| Haqamuu buqqifamuu tursiifame | C10 |
| Dantaa ummataa parolee | C11 |

| Haala Immigireeshinii<br>Deebii kana keessaa 1 kamtu isin ibsa? | Ramaddii<br>Koodii dijiitii 3 kana gaaffii 27 irratti barreessaa. |
|---|---|
| Tarkaanfii yeroon itti darbe | C14 |
| Ajaja to'annoo/CAT | C18 |
| VAWA iyyata dhuunfaa | C31 |
| DACA. **UNKA I-765 IRRATTI HIN IYYATINAA** | C33 |

- **Gaaffii 30 ((c)(8) Garee ulaagaa guutuu).** Yoo iyyata koolu galtummaa tursiifamee jiru qabaattanii fi gaaffii 27f "CO8" jettanii deebistan gaaffii kana deebisaa.Yoo iyyata koolu galtummaa tursiifame hin qabdan ta'e gaaffii kanaaf deebii hin kenninaa.

## Kutaa 3. Ibsa Iyyataa, Odeeffannoo Quunnamtii, Ibsa, Mirkaneessaa, fi Mallattoo

Wanti unka irratti barreessitan sirrii ta'uu isaa mirkaneessuuf ibsicha mallatteessaa. Teessoo fi lakkoofsa bilbilaa bakka USCIS itti isin qunnamuu danda'u barreessaa.

## Kutaa 4. Odeeffannoo Quunnamtii Hiiktuu, Mirkaneessaa fi Mallattoo

Namni afaan hiiku unka guutuuf si gargaareeraa?

- **Eeyyee yoo ta'e,** maqaa isaanii fi odeeffannoo quunnamtii isaanii barreessaa. Unka sana mallatteessuu qabu.
- **Lakki yoo ta'e,** gaaffii kana bira darbaa.

## Kutaa 5. Odeeffannoo Quunnamtii, Ibsaa, fi Mallattoo Nama Iyyata kana Qopheessee, Yoo Iyyataan Alaa Ta'e

"Qopheessaa" jechuun nama unka guutuuf si gargaare kamiyyuu jechuudha. Kun miseensa maatii, hiriyyaa ykn ogeessa seeraa ta'uu danda'a. Namni unka guutuuf si gargaare jiraa?

- **Eeyyee yoo ta'e,** write their name and contact information. Unka sana isaanis mallatteessuu qabu.
- **Lakki yoo ta'e,** gaaffii kana bira darbaa.

***Waraqaa ibsituun kun odeeffannoo seeraati malee gorsa seeraa MITI. Gorsa argachuuf ogeessa seeraa argadhaa.***
*Waraqaa ibsituu kana yoo waggaa 1 ol ta'e hin fayyadaminaa. Haaromsa, tarreeffama waraqaa dhugaa, ykn bifa jijjiiramaatiif nu gaafadhaa.*

**© 2025 Tumsa Tajaajila Seeraa Minnesota. Sanadni kun irra deebi'amee maxxanfamee kaayyoo dhuunfaa fi barnootaa daldalaaf hin taane qofaaf itti fayyadamuu ni danda'a. Mirgi biroo hundi kan eegamedha. Beeksisni kun galagalcha hunda irra turuu qaba. Baayyisuu, raabsuu fi kaayyoo daldalaaf itti fayyadamuun cimsee dhorkaadha.**